Shanyi duguuggaa faashistooni mootumaa Wayyaanee ummata Oromoo kan nagayaan Ayyaanaa Irreechaa Bara 2016 ayyaaneefataa jiru irratti raawwate laalchisee labsa ABO fi THBO baasan

Onkololeessa 2, 2016

Ummanni Oromoo Oromiyaa mara keessaa wali yaa'ee, Hora-Arsadee, Bishooftuu, Oromiyaa keessatti Irreecha wagga waggaan ayyaaneefata. Ayyaana Irreechaa kan bara 2016 kana jeequuf shiftoonni Wayyaanee fi kittallayyooni isaani dhagaan isaan gara hin-galchin hin turre. Ummanni keenyaas jeequmsa isaani kanaaf osoo harka hin kannatin cichoominaan guyyaa ayyaana Irreechaa bara 2016 gahan. Hora ummanni keenya itti yaa'ee ayyaana isaa itti kabajatutillee jala chufanii waltajjii san booreessu fi ummata Oromoo jeequ jalqaban. Waan duraanu ayyaana kana diiguu fi balleessuf qophaawanii jiraniif, ayyaana ummata Oromoo biratti kabajaa guddaa qabu facaasanii dirree lolaatti geeddaran.

Shiftoonni Wayyaanee fi kittallayyooni isaani akkuma amala isaani lola ulee, rasaasaa fi taankii fii helikoophtarillee dabalatee, ummata nagayaan harka duwwaa ayyaanichaaf wali dhufe irratti lola shanyi duguuggaa banan. Ummata lakkoofsaan kumaatamaan hedduu irratti qawwee isaani gara galchuun, ajjeechaa suukanneessa, gochaa bineessummaa, hammeenyaa fi jibbansaan guutame raawwatan.

Wayyaanee fi kittillayyoonni isaanii weeraara Oromoota irratti bananiin, namooni 678 lubbu isaani dhaban, 423 madaawanii jireenyi isaan haalan mamii irran jira, akkasuma 870 kan ta'an madaawani wal'aansamalee jiran. Saba keenya dhibbataan galaafatamtee fi dhibbantaan madaaweef ni gaddina. Shororkiisitu motummaa Wayyaanee haalan balaaleffana. Ayyaanni Irreecha kan Bara 2016 gaddaan yaadanna. Seenaa Oromoo keessattiis akkasitti galmeeffana. Wareegamni qaalii kun qaama qabsoo bilisummaa tahuu yaadachuudhaan ABO fi THBO ummata isaa waliin qabsoo gabrummaa hundeen buqqaasuu itti fufana.

Waamicha:

Qeeroon Oromoo hanga har'aatti karaa nagaatin falmatulee, dhumaatin isaan daraan caalaa waan dhufeef, haalli qabsoon abbaa biyyummaa isaan itti gaggeessan jijjiirraa horachuun akka irra jiru isaan yaadachiisa, ammaan booda akka sirna Gadaatti of ijaaranii, balaa isaanitti akkasumas saba isaanii Oromoo irratti aggamamaa jiru humna hidhannootin akka ittisaniif yaadachiifna.

Seera-beektoni Oromoo hatattamaan gaggeesitoota sirna Wayyaanee mummicha isaani Hailemariam Desalegn, Abaye Tshaye kan waraana ummata Oromoo irratti labse, Getachew Reda kan saba Oromoo sheexanaan qixxiisee dhumaatin isaani sirri dha jedhe, itti gaafatamaa Waraana Adda Bilisummaa Ummata Tigraay (ABUT) /TPLF Samora Yunis fi itti gaafatama Agazi Mohammed Esha kanneen ajeechaa Oromoota irratti ajaja kennan, yakka shanyii duguugatin akka himataman iyyanaa Dhadhacha Yakka Guutu Addunyaa (International Criminal Court –ICC) akka galchan waamicha goonaf.

Akkasumas, Gumiin Nageenyaa Mootummoota Gamtoomanii (UN Security Council), shororkeessa motummaa Itophiyaa ABUTn durfamtu irratti badii godhaa jiru irratti murtee himataa tokko akka dabarsu itti iyyana. Jeeqamni Oromiyaa keessatti daran akka hinjabaane dabrees nageenya guutu Gaafa Afrikaa akka hinbooressine tarkanfileen qabatamaa ta'an amma calqabee fudhatamu akka qabu yaadachiifna.

Dhuma irratti, ummatni Oromoo hanga gabrummaan hundeedhan Oromiyaa irra buqqa'u ti qabsoo isaa kan gootummaa seena qabeesa ta'een itti jiru daran cimsee akka itti fufu kabajaadhan waamicha keenya dabarsinaaf.

Tokkummaan Humna!
Oromiyaan Ni Bilisoomti!